qaanqee@hotmail.com

Lakk. 10 Ebla, bara 2002

ABO qaqqalanii qaamatti babbay'suun, kochetti cicciruun, birkitti caccabsuun, maa'elaa murnaa-tti fofottoqsuun bifa jijijjiirachuu yoo tahe malee dhibdee irraa isa hin fayyisu. Kaleessa qaama dhiyaa, hardha qaama cehuumsaa, boru qaama diigamsaa jechuun qabsoo Oromoo tii furmaata hundee hin fidu. Bifa jijjiirachuun, gaararraa iyyuu hin dhoksine. Camardaa (harsama) cuccululuqaan of maranii rafuun, ummata bal'aa jalaa nama hin haguugu. Ardhallee akkuma kaleessaa, kan irraa soqolee agarsiisu kan irraa raree saaxilu, Qaanqeen Bosonaa jira!

MAXXANSAA ADDAA

Jaarmaya ummatni Oromoo na bilisoomsa jedhee abdataa ture, ABO, qaqqalanii qaamatti babbay'suun, jaji'anii kochetti cicciruun, dhawanii birkitti caccabsuun, golgatanii murnatti fofottoysuun, bara dheeraa lakkaawatee jira. Maxxansaa adda kanaan, Qaanqeen Bosonaa xiyyoo kana irratti akeekkata.

Seenaa gabaabaa "Qaama Qindoomina Dhiyaa"

Maa'elli (faction) ABO keessatti maqaa qaama 'Qindoomina Dhihaa' jedhuun of ijaare essaa ka'ee essa gahe?

Waa'ee kana qabsaa'ootaa fi ummanni Oromoo beektuu?
Kan beektan isin yaadachiifna, kan hin beekne isin barsiifna.
Daaba Adda Bilisummaa Oromoo, kuun alaan kuun keesaan qaamatti mummuruu fi maa'ela itti bibbiqilchuun dhalootuma isaa wajjiin itti jalqabe. Dhaabni kun dhibdee kana baadhatee hanga ar'aa reeqqisaa as gahe. Murnootaa fi miseensotni gadaamessaa xuraayaa sirna gabroomfataa Habashaa keessatti dhalatanii guddatan, osoo dil'uu (qoofiraa) itti gangalatan san hin dhiqatin qabsoo bilisummaa-tti dabalaman. Ilaalcha xuraayaa qabatanii dirree qabsoo dhaqan. Yoo isaaniif mijjate ifaan, yoo isaaniif mijjatuu baate dhoksaan, yaada murnummaa ABO golgatanii tarkaanfachiisaa turan. Tooftaan isaanii kan jalqabaa, ummata Oromoo kan godinaa (jihaa) dhiyaa jiru akka waan ummata Oromoo kan godinaalee bira jiru irraa adda ta'eetti dhiyeessuu ture. Ilaalchi kunis suuta suutaan bifa kaayyoo siyaasaa, tooftaa fi tarsimoo horataa dhufe. Koloneeffattoonni Awroopaa ille osoo hin hafin ilaalcha kana maqaa adda addaa-tiin jajjabeessaa turan. Naannoolee Oromiyaa bakka lamatti basanii,lamaan keessaa tokko naannawa dhageetti itti argatan (sphere of influence) godhachuuf dhiibbaa guddaa godhan. Ilaalchaa fi shirri Oromoo naannoo dhihaa jiru fi Oromoo jihaa bayaa jiru gargar baasanii kophaatti laaluu, ardha-illee addaan hin citne. Aangaawonni Awroophaa akeeka tarsimoo qoqqoodanii bituu (divide and rule) galmaan gahachuuf,ummata Oromoo cinaa tokko ofitti qabanii cina tokko ceekomsuun itti fufee jira. Gargaarsi jaarmayootaa fi mootummoota Awuroophaa irra kennamus, "Kiristaana Itoophiya gargaaruu" kan jedhu waan ta'eef, garaagarummaa ummata Oromoo giddutti uumuun isaa hin oolle. Shirri humnoota keessaatii fi gorsitoota Awroophaa tiin qambaayaa ture suuta

suuta ABO keessa uree seene. Osoo shirri kun biyya keessaa fi biyya alaatti xaxamaa jiru, ABO keessatti bara 1980-ta keessa haalli aanjawaan shira kana guddisu dhalate. Kun illeen, hogganni qarruun ABO humnoota Somaalee tiin dhawamee jiguun, murnoota akeeka dhoksaa qabatanii ABO keessatti riphanii, haala aanjawaaa eeggataa turaniif hiree gaarii fide. Yaadni jallataan, dhiphina naannoo irratti hundeeffame kun qabsaa'oota dirree bahaa turan biratti bir'aa fi shakkii bulche.

Haalli akkasii finiinaa deemuun isaa ABO bakka lamatti fottoy'se. Yaadni kutaan walii-looguu, qabsaa'oota dirree bahaa jiran biratti shakkii uumee, Addi Islaama Bilisummaa Oromiyaa akka uumamu godhe. Baruma sana keessa gaaffiin dirree qabsoo bilisummaa Oromoo, dhiyaa fi bahatti babal'isuu tis ka'e. Kunis, murna dhaaba keesssatti shira xaxaa tureef, golgaa tooftaa fi tarsimoo kenneef. Gaaffii dirree qabsoo dhiha Oromiyaa-tti saaquu, murnoonni ilaalcha dhoksaa qabanii fi ilaalcha tarsimoo fayyaalummaa qabanis wal qixa dhimma itti bahuu jalqaban. Warri naannoo dhiya Oromiyaa akka kophaatti laalaa turan, tarsimoo dirree qabsoo dhiyatti babal'ifna jedhu jalatti keessa keessa qabsoo karaa baha Oromiyaa tiin godhamu dhaamsanii karaa dhiha Oromiyaa -tti deebisuuf marrxifatanii ka'an. Warri qabsoo karaa dirree bahaatiin godhamu dhaamsanii gara dirree dhiyaatti jijjiiruuf hojjataa turan, haalli aanjawaan dirree bahaa caalu argamee utuu hin ta'in, qabsoo bilisummaaf godhamu dhamsuuf tahuun hubatamuu qaba.Akkuma humnoonni Awuropaa, qabsoon jihaa baha Oromiyaa, impaayera Itophiyaa buqqisa jedhanii sodaatani-tti, humnoonni(murnoonni) maqaa tokkumaa-Itphiyaatiin Oromiyaa bituuf kajeellaa qabanis sodaatan.

Waggoota jal-bultii kufaatii Dargii keessa murnootin kun, waraana diree baha jiru laamshessanii waraana dhiha Oromiyaa ture jajjabbeessaa turan. Hirgiin lafa jala (harka wayaa jalaa tiin) qamashamaa ture kun oolee bulee bifa jaarmayaa tiin futta'uu eegale. Bara 1990-taa keessa hogganni booda maqaa Qaama Qindoomina Dhiyaa jedhamutti of geddare , WBO dirree dhiyaa facaasee, baqatee magaalaa guddittii Keeniyaa-tti bahe. Murni gubbeen hoggana baqataa ,erga baqatee Keniyaa-tti bahee booda kiyyoo wal irraa hin citne guduunfuu irra gadi ta'e. Shirri ilaalcha siyaasaa sun illeen, gara jaarmaya siyaasaa fi waraanaa tti cehe. Diinagdee ummatni Oromoo bilisummaaf jecha of agabee itti hirphu kaayoo murna tokkoo tiif oolfatuu dalagaa isaa godhate.

Bara 1994 keessa murni miseensota torba of keessaa qabu, ABO keessatti maa'el (faction) maqaa "Qaama Qindoomina Dhihaa" tiin beekamu bifa haarawaaan ijaare. Qaamni kun: saba Oromoo, ABO, Waraana Bilisummaa Oromoo fi miseensota bakka lamatti baqay'suuf akeekkate tarkaanfii diiggaa oofuu karoorfate. Shira man-diigessa (destructive) inni xaxaa ture keessa jajjaboo akka armaa gaditti tareessuun ni danda'ama:

1. ABO diigee godinaalee dhiha Oromiyaa keessatti caasaa, dameelee fi birkiilee Qaama Qindoomina Dhiyaa diriise.
2. WBO dirre diyaatti hafee tarkaanfii walabaa fudhataa ture, basaasosta itti erguu dhaan facaase. Fakkeenyaaf, akkaataan waraanni maqaa "Jamushee-tiin" beekamu, Horroo fi Guduru keessatti ittiin diigame ragaa qabatamaa dha.
3. Waraana dirree bahaa fi kibbaa jiru basaasosta isaa itti erguun diiguu jalqabe. Fakkeenyaaf, waraana kibba Oromiyaa naannoo Sololoo ture kan waraana Wayyaanee-tiin rukuchiise, basaasuma murna kanaa ti.

4. Gargaarsa loojistikaa fi diinagdee waraana dirree baha irraa kutee diiguuf dhiibbaa irratti godhe.
5. Qabsaa'ootni dirree dhiya gara dirre bahaatti akka hin bobbaane eggitii itti godhe.

Tarsimoon Qaamni Qindoomina Dhiyaa, WBO bahaa diigee waraana addaa dirree dhiyaatti ijaaruuf karoorfate jalqaba bara 1995 fashale. Murni kun, san boodas abdii WBO bahaa diiguu osoo hin kutin wal funaaanee, qabsaa'ota dirre baha jiran keessa lixe.

Murni Qaama Qindoomina Dhiyaa bara 1997 qabsaa'oota dirree bahaa turan dagee, murna masaanuu isaa of jalaa dhaye, aangoo furtuu ABO keessatti dhuunfate. Bara 1999 keessa aangoo qabsaa'ootni dirree bahaa dagamanii itti kennan fudhatee biyya ollaa gara kaabaa tokko-tti baqate.

Achitti, ka naadirri (scenario) marsaa sadaffaa Qaama Qindoomina Dhiyaa tiin cambaawu of mul'isuu ka jalqabe. Qaamni Qindoomina Dhiyaa hanga biyya ollaa fira kaabaatti godaane maal hojjataa ture? Faaressa (drama) siyaasaa kan akkamii agarsiisaa ture (jira)? Barreeffama asi gadii keessatti qabxii kana gabaabsinee ilaala.

Akkuma asii olitti tuttuquu yaallee-tti, kiyyoon ABO qaamatti qaqqaluu fi maa'elatti caccabsuu bifa haarawaan itti fufe. Qaamni Qindoomina Dhihaa amma illee caayaa ollaa alagaa jalatti boqatee, ummata Oromoo jalaa dhokatee, (irraa fagaatee) tooftaa tooyatnoo ilaalaatin ABO fi WBO dirree bahaa facaasuu hojii dhaabbataa godhate. Shirri kun bifa siyaasaa, diinagdee fi waraanummaa waan qabuuf, qabxiiwwan kana tokko tokko-n babbay'sinee laaluu barbaachisa:

1. Shira Siyaasaa (political conspiracy)

Qaamni Qindoomina Dhiyaa tarkaanfii shira tokkoffaa, kaayyoo bilisummaa Oromoo fonqolchuun faateffate (eebbifate). Hoggana (gaaddidduu) gadamoojjii maqaa "barcumaa yuubaa" jedhamuun moggaafame of duuba kaayee, yeroo barbaade waayee tokkummaa Itoophiyaa leellisa; mootummaa Itophiyaa-ttis jaarsummaa ergata; imaammata nagayaa fi araaraa tumsiisa. Hogganni "gaaddidduun" riphee jara Qaama Qindoomina Dhihaa kana keessaan dubbata. Qabsoo bilisummaaf godhamu maan'essee, qabsoo warrijjaa aangoo tiif godhamu hangafsa.

Shirri siyaasaa gulantaa lammataa, seeraa fi heera ABO fonqolchuu dhaan itti fufe. Qaamotaa fi birkiilee ABO bubuqqise. Kora Sabaa waamuu didee "konfiraansii" waamuu jalqabe. Miseensoota gameeyyii dandeettii hogganummaa qaban kaan ni mulqe, kan biraa ni rarraase. Kan kana irraa hafan, nyaapha godhee dhaaba irraa alagoomsee (alatti) dhiibe. Caasaa ololaa fi odeffannoo hudhee qabuu dhaan, olola game-tokkee murna tokko callaa faarsu, kan naannoo tokko qofa fuulleffatu dulloomaa wacabbara (afuufa). Fakkeennaaf, SBOn yoo jagni tokko dirree bahaatti kufu hin dubbatu. Garuu, yeroo bira geerressa inni gurra ummataa ittiin duuchuu namuu ni beeka.Horiin maqaa kanaan guramus waraana jedhame san bira utuu hin geenne quudii yookaan qalqalloo namoota maqaa ummata Oromootiin daldalanii akka gabbisu beekamaadha.

As irratti qabxiin (Hordoftoota Qaanqee Bosonaa-f) ifa tahuu qabu: nu kan jennu, oddeessi karaa

godinaa dhiyaa maaliif himama kan jeduu miti. Maaliif loogiin (holaan) godhama kan jedhu.

Miiddhaan Qaamni Qindoomina Dhiyaa qabsoo Oromoo irratti hojjatu kana irratti roobee hin caamne. Murni kun, odessa cin-tokkee (partial) ta'e jaarmayoota dhala namoomaa addunyaa-tti dhiyeessa. Gartuun kun barcumaa kittillayyoo maqaa Gargaarsa Oromiyaa (Oromia support group) jedhuun, London keessa kaayee oddeessa gam-tokkee dabarsiisiisa.Waan nama gaddisiisu keessaa, "Qaamni Qindoomina Dhiyaa" jedhee of moggaase kun qabsaa'oota Oromoo kan diinni dhabamsiise keessaa kan naannoo tokkoo callaa cokee dhiyeessaa ture. Ardha illee ittuma jira.

2. Shira Diinagdee fi Loojistikaa:

Hirgiin ABO keessaan diiguu shira siyaasaa duwwa irratti hin dhaabatne. Bifa diinagdee fi loojistikaa qaba.Qaamni Qindoomina Dhiyaa aangoo haadha-ajjeeftuu ABO qolomata dhayee butatetti gargaaramee, amaa dhiigni leeccelloo fi loojostikaa keessa lola'u mataa muree luuguu jalqabe.

Gargaarsa ummatni Oromoo WBOf gumaachu biyya jirutti jallifatee ijaarsa murna isaatiif oolfate. Osoo waraanni ijaaramee jiru beelaa fi dheebuun harca'u, "waraana biraa ijaara" jedhee ilaalcha ummataa afanfaajjessa. "Kan jiruuf-hin areertuu, kan dhu'eef dhiiga boottii"sani dubbiin qaama kanaa. "Video" sobaa waraabee, agarsiisuu dhaan maqaa kanaan horii ummata Oromoo irraa guurata.

Hordoftoota keenna: amma illee wanni nuuf hubatuu qabdan, dirree biraatti "waraanni maaliif ijaarama" hinaafaa jedhu hin qabnu. Miseensotni Qaanqee Bosonaa, naannoolee garaagaraatti dirree WBO babal'isuuf carraaqaa turuu isaanii seenaan hin irraanfatu. Nu kan akeekaa jirru--- "waraana haarawa ijaarra" jedhanii isaa jiru agabsuun, diiguun, facaasuun, qajeelaa miti kan jedhu. Keessattuu shirri murni kun yeroo ammaa waraana dirree bahaa irratti hojjataa jiru kan nama rifachiisu. Gargaarsa maqaa ORA tiin guuramu illee akka qurxumii-tti karaa irratti liqimsa. Kan waan hundaa caalaa nama gaddisiisu, osoo maqaa gargaarsa waraanaa tiin horiin kumaatamatti lakkaawamu guramee qalqalloo fi qandii murna kanaa guutu, waraana fi baqataan Oromoo akka baalaatti harca'uu isaati. Fakkeenyaaf, dhiyeennuma kana baqataan Oromoo lakkoofsaan 800-1000 ta'u magaalaa Nairobi-tti yoo mana hidhaa Keniyaa-tti guurame, birmatnaan godhame tokko illee hin turre. Baqattoota mana hidhaa Keniyaa-tti guuramanii dararaan irra gaha jiru keessaa harki walakkaa ol miseensoota WBO kan qaamni isaanii hir'atee tahuu addeessuu barbaadna. Jaallan qabsoo irratti bututan kanneen karaalee maagaalaawwan biyyoota ollaa keesstti harcaasanii dagatuun seenaa xuraawaa dha jetna.
Osoo gargaarsi tokko hin dhaqabin beelaan, dhukkubaa fi shekkeeree baraa tiin miseensotni biyya olaatti, mooraa baqaa keessatti dhumaa jiraachuun isaanii nama gaddisiisuu bira darbee kan nama suukaneessuu dha .

Seenaa Gabaabaa "Qaama Cehuumsaa"

Qaamni Cehuumsaas ta'ee, Qaamni Qindoomina Dhiyaa muummeen (maddi) isaanii tokkuma. Garaagarummaan qaamota kanneen gidduu jiru garaagarummaa tooftaa callaa dha. Kaayyoon murnoota

lamaaniituu maqaa bilisummaa Oromoo tiin abbaa irrummaa murna tokko mirkaneesuu dha. Qaamni Cehuumsaa-illee akkuma murna masaanuu isaa, bara dheeraaf ABO keessatti riphee of ijaaraa ture. Maqaa qabsoo hidhannoo tiin WBO dirree bahaa keessa lixee, qabsaa'oota dhugaa of jalaa dhaawaa tii fi ukkaamsaa as gahe. Waraana Bilisummaa Oromoo waardiyyaa hin guddatne godhatee kan irra taa'ee yarse murnuma kana. Murni maqaa Qaama Cehuumsaa tiin beekamu akka jaarmaya siyaasaa fi waraanaa-tti fottoqee kan of labse erga Qaamni Qindoomina dhiyaa aangoo irraa butatee booda. Bara 1990-mootaa irraa eegalee, riphee lafa jala of ijaaraa ture.

Qaamni Cehuumsaa akkuma aangoon furtuun ABO keessatti qabaachaa ture irraa fudhatameen dallanee gosa Oromoo kan naannoo tokkoo duwwa ijaaruu fi kan biraa alagoomsuu jalqabe. "Ilmaan ebaluu shira xaxanii aangoo irraa na buqqisan" jedhee olole. "Ebalu faan gandaan of ijaaraa jiran" jedhee xalayaa bittineesse. Gadoo fi jibbaa qabsaa'oota naannoo tokkoo irratti guduumfatee WBO kibba Oromiya jeeqe. Miseensota WBO kan shira isa itti dammaqanii dura dhaabbatan kaan ni ajjeese, kaanneen hidhatno irraa hiikkate. Kan hafan ammoo zoonii sakkattaa diinaa keessatti facaase. Fakkeennaaf, kufaatiin jaal Gishuu Jaarraa faan shira murna kanaan xaxame tahuu hiccitii miseensi WBO hundumtuu quba qabanii dha. Kana jechuun garuu, miseensonni Qaama Cehuumsaa keessa jiran hundumtuu jallina qaban jechuu miti. Miseensonni jireenna isaanii guutuu qabsoo bilisummaa Oromoo tiif jecha bosonaa fi mana hidhaa keessaatti dabarsan qaama kanatti makamuu isaanii Qaanqeen Bosonaa ni amana. Miseensota gameeyyii fi qabsaa'oota Qaama Cehuumsaa keessa jiraniif Qaanqeen Bosonaa kabajaa guddaa fi ilaalcha addaa qaba. Haa tahu malee, tarkaanfii Qaamni Cehuumsaa akka jaarmayaa-tti fudhatee fi kan Qaamni Qindoomina Dhihaa Asmaraa maandheffatee deemisisaa jirus,Qaanqeen Bosonaa hin deeggaru.

Rakkoo Qabsoo Oromoo mudate, ummata Oromootii fi qabsaa'oo'ta Oromoo hundumaan gahanii, karaan gamtaan furmaata itti barbaadan osoo jiru, marii tokko malee tarkaanfii kophaa fudhachuun qajeelaa miti. As irratti kan jechuu barbaadne, Qaamni Cehuumsaa maaliif of ijaaree qabsoo fi kaayyoo bilisummaa Oromoo dandamachiisuuf tattaafate jechuu keennaa miti.Bifa haarawaan of ijaaranii kaayyoo bilisummaa Oromoo dandammchiisuu fi shaffisiisuun gaffii sardaa yeroo tahuu eennumaa hin shakkisiisu.Garuu, jaarmayaan ijaaramu kan akka Qaama Qindoomina Dhiyaa, murna xiqqaa akeeka dhoksaa qabuun osoo hin ta'in, kan qabsaa'oota Oromoo ammatuu fi fedhii ummata bali'aa calaqqisiisu (representative) ta'uu qaba jechuu keenna. Jaarmayaan ijaaramus kan murna aangoo irra jiru dorgomuuf ijaaramu osoo hin ta'in, kan rakkoo qabsoo Oromoo muddateef furmaata hundee argamsiisuuf ta'uu qaba jennee amanna.

Kanaafuu, haalaa xaxamaa qabsoo bilisummaa Oromoo danqee qabe xiinxalluu dhaan Qaanqeen Bosonaa qabsaa'otaa fi ummata Oromoo bal'aaf waamicha dhiyeessa.

Yaa qabsaa'ota Oromoo jaallan keenna!

Qabsoo bilisummaa Oromiyaa tiif goonu dhiifnee, kubbaa siyaasaa kan murnoota lamaa giddutti godhamu teennee yeroon laallu raawwatuu qaba. Osoo murnootni kun lafee fi dhiiga jaallan keennaa tiin "qumaara" taphatan ciifnee laaluu sirrii miti. Osoo ummatni keenna halkanii guyyaa akka baalaa-tti

harca’u, sammuu ittiin boqatnu hin qabnu. Ummatni keenna kuun hidhamaa, kuun baqataa, kuun du’aa jira. Ummatni keenna, “ilmaan tiyya roorroo narraa kuffiftee bilisummaa natti gonfiti” jedhee eeggata. Ofii fi ilmaan ofii agabee dhaaba daandii bilisummaa gargaara. Ofii du’ee nu jiraachisa.

Gara biraatiin garuu, shirri akka gurmuun qabsaa’ota Oromoo hin ititne xaxamaa ture ardhas yoomuu caallaa murnoota adda addaa tiin hammaataa jira.Yeroo ammaan tanaa, diinni keessaa fi alaa walwaamee qabsoo bilisummaa Oromiyaa tiif godhamu dhaamsuuf halkanii guyyaa hojjataa jira.

Jallan sabboontota Oromoo,

Murtii fi sagalee tokkon shira qabsoo keenna irratti xaxamaa jiru dura dhaabbachuu dhabuun keenna, nyaapha alaatii fi keessaa birattis nu tuffachiiseera. Osoo gurmuu qabnu hoffatti nu hambiseera. Hegeree keennaa fi kan dhaloota booruu illee osoo hin hafin dukkaneesseera. Qaanqeen Bosonaa, “yoo akka gurmuu kinniisaa-tti tokkummaan dhaabbatne, rakkoo kanaaf furmaata argamsiifna” jedhe amana. Hordoftootni keenna hennaa baay’ee “qorichi rakkoo kanaa maal?”jedhanii nu gaafatu.Qaanqeen Bosonaa rakkoo kanaaf qaricha kophaatti tolche hin qabu.Qorichi fayyisaan dhibdee keennaa, qabsaa’ota oromoo tii fi ummata bal’aa harka jira jedhee amana. Nuhi akka murnoota tokko tokkoo “qorichi barbaadamu sun nuhi, koottaa nu jalatti hiriiraa” akeeka jedhu hin qabnu. Nuy akkuma aadaa saaba Oromoo-tti, rakkoo jirtu haa beeknuu, waliin irraatti haa mari’atnuu, furmaata illee gamtaan itti haa barbaadnuu jenna.

.

Tokkummaan qabsaa’otaa humna!
Rakkoo qabsoo Oromoo mudate, irree qabsaa’otaa tiin furra!